

**GALAA GANAMAA KITAABA XIINSAMMUU AFOOLA OROMOON  
KAN BARREEFFAME.**

Dadhabbiin gad bu,aa dhufuu  
anniisaa/ humnaa irraa  
madda. Maallaqni yaada  
namaa keessatti guddaa  
ta,us waraqaadha.  
Gargaarsaan jiraachuu  
hawwuun gabrummaaf  
harka kennuudha.

Bu,aa argatan irraa  
qusachuun, humna kee boru  
gadi bu,aa dhufu bakka  
buusuudha.

**TOOFIQ AHIMAD IBRAAHIM****Fulbaana 2020**

kitaaba keessaa kan fudhatame.

**Dhummuugaa, Oromiyaa**

**WAA,EE BARREESSAA:**

Ummata koo kan keessatti dhaladhe fi biyya kanas dabalatee addunyaa kana gubbaatti Barreessaa beekkamaa ta,uuf karooras ta,ee fedha qabaachuu kootiin ala kana dura muuxannoo kitaaba barreessuu hin qabu. Kun yaalii koo jalqabaati. Dabalataan garuu kitaabbilee asoosama gaggabaaboo lama bifa PDF tiin yeroo dhiyootti isin biraan gahuuf xumuraan jira.

Kitaabni koo Galaa Ganamaa jedhu kun walalooo gaggabaaboo, asoosama gabaabaa lamaa fi barreeffama biraas dabalataan hammatee bifa PDF tiin Kan isinii dhiyaateedha. Toofiq Ahimad yeroo ammaa yuunivarsiitii Hawaasaatti barataa muummee barnoota Diinagdee( Economics) waggaa lammaffaati.

TAA,UMSAAN ARGACHUUN GA,UMSAA MITI.

ADEEMSAAN KAN ARGAMU KENNAA MITI

SOCHIIN GUY YAA GUY YAA, GUY YAAN GUY YAA FURA.

*TOOFIQ AHIMAD IBRAAHIM*

*Dhummuugaa, Oromiyaa*

**TEESSOO**

**Kitaaba koo kanaarratti yaadas ta,ee gaafii yoo qabaattan**

**E-mail: toffee12dum@gmail.com**

**Facebook: Toofiq Ahimaddiin**

**Talegram: Tofik Ahmed**

**Phone: +251930946545 naaf kennuu dandeessu.**

**Mirgi barreessaa safuun eegamaadha!**

## GULAALTOTA

1. Barataa shaafii Muussaa Aliyyii
2. Lecturer Ziyaad Ahimad

**BAAFATA**

Mata-duree.....fuula

1. Waa dhabuudha.....8
2. Maaliif hojjatta?.....10
3. atis ni dandeessa.....11
4. Harka kee.....12
5. Jira.....12
6. Kamiin filatta.....13
7. Furtuu dukkanaa.....15
8. Faana bu,i.....23
9. Bu,aan maali? .....26
10. Maallaqni maali?.....26
11. Maaliif qusatta?.....27
12. Kennaa lakkuu.....29
13. Dhaamsa barreessaa.....37

**DHAAMSA DUBBISUUN DURAA:**

Dubbisuun hubachuu miti obboleessa/ttii koo. Iji kophaa ofii hubannoo siif hin uumtu. Ati kitaaba kana dura kitaabbilee meeqa dubbiste? Maal irraa hubatte? Gabaabumatti beekumsa koo xiqqoo ani sibiraan ga,e kana ijaaf qalbii guutuun yoo dubbiste si fayyada jedheen amana. Eeyyeen atis akkasuma. Yoo akkana hin taane ati suuraa qubee daawwachaa jirta jechuudha. Akkas hin ta,in!

Barreeffamni kun akkuma tasaa osoo itti hin yaadamin kan barreeffamee miti. Walduraa duuba yookiin yaa,a qaba. Walii galatti ergaa guutuu dabarsu qaba.

**DUBBISA GAARII !**

<b>1.waa dhabuudha</b>	<b>Nama ilaali Mee</b>
Harki kee qallatee	Yoo iji Kee arge
Lafeen si mullatee	Ati sana akkan nyaanne
Wayaan sirratti addaatee	Mee maaltu si dhoorge?
Bifa jijjiirratee	Hiriyyaan kee haaraa bitataa
Rifeensi mataa kee luqqa,ee	Ati moofaa suphita
Bifaanis diimatee	Inni rifeensa murataa
Maali hanqinni isaa?	Ati isa eeguuf
Maaltu si mudate?	balbala dhaabatta
Mee deemiitii dhaqi Isa jiru	Gaafa inni waa bite
ollaa kee hoteela beekkamaa	Ati mataatti
Ajajii of dura naqi	baattee galchita
Isa humna keetiif	Maaliif yaa obboo
Nyaata madaalamaa	Maaliif yaa namana
Nyaachuu keetiin dura	Hibboo jireenya keef
Afaan kee kaawwattee	Maal maal sababsina
Ilaali ilaali waan biraa	Homaa...homaa...homaa
.....	Homtu hin jirtu
Kan ollaan kee nyaatu	Rakinni kee ifee
maali inni?	natti mullatu
Kan nyaatamuunis	Humna kee kunuunsamtee
eenyuuni?	Harka ishee marattee
Nyaata sanaaf	Muuziyeemii jirtu



<p>Maallaqni jedhamtu kunimmoo</p> <p>Lafa kamii dhuftu?</p> <p>Kanumaafi Kan ati ergamaa</p> <p>Diddummoo reebamaa</p> <p>Akka annaan ittittuu</p> <p>Gidirfamaa jiraattu</p> <p>Kana boodammoo</p> <p>ol ka,ii hojjadhu</p> <p>Bu,aa jireenya kee</p> <p>Furtuu rakkina kee</p> <p>Boruuf waa kuufadhu</p> <p>Isatu furtuudhaa</p> <p>Rakkinni Kee guddaan</p> <p>humna miti</p> <p>Harkarraa waa dhabuudha!</p>	
--	--

## 2 MAALIIF HOJJATTA?

Jireenya addunyaa kana keessatti namni kamuu ani barsiisaa, ani paayleetii, ani dooktara, ani ,ani , ani.....ta,uu fedha jedhee hawwii ofii ibsachuu yaala. Kanas ta,ee sana garuu sababni hangafaa Kan namni waan hin qabne/beekne argachuu/barachuu jaallatuuf, jireenya koo fuulduraa keessatti bu,aa naaf argamsiisu cinaatti, Gammachuu naaf kenna jedhee waan amanuu fi jireenya koo isa ammaa caalaa anaaf filatamaadha jedhee waan yaaduuf qofa. Hunduma caalaa amansiisaa fi hundi Kan hawwu qabeenya horachuudha. Daandii filachuurratti garaagarummaan ni jira. Fedha dhuunfaa ofii guutuuf yaaluunis ta,ee dirqama uumamni sitti kenne guutuuf socho,uun bu,uura jijjiiramaati. Yaaliin kee Kunis hojiidha. Kanaaf hojiin yaaliidha yookiin sochii ati waa argachuuf gootuudha. Gabaabumatti parsantaa dhibba danda,uu baattus fedha kee injifachuu fi dirqama Jireenyaa ba,uuf hojjatta. Innis dhuunfaa, maatii, biyya, ofii gargaaruu fi jijjiiruu hunda hammata. Isa ammaa kan sitti hin tolle yookiin si hin gammachiifne kana jijjiiruuf hojjatta.

<b>3. Atis ni dandeessa</b> Gamoo dheeraa ijaaruu Beekumsaan hawaa abuuruu Horii baayyee bobbaasuu Maallaqa baankiitti kuusuu Oomishanii bara nyaachuu Hiyyummaa seenaa gochuu Fiiganii bira darbuu Ari,anii qabuu Hundumtinuu moo,uudha Bifaaf gosan qabu Karoora ofiin hojjachuu Obsaan waa kuufachuu Hojiif kabaja laachuu Galma ga,uuf kaachuu Kanaaf gargar jiraatu Malee abbaa cimee hojjatee Bu,aa ol-kuusateef Moo,uun sanyiin filatu Kanaaf atis yoo ol-kaatee Mudhii kee hidhattee Galmaan galma ijaaruu Jireenya kee jijjiiruu Haala hamaa tarkaanfachuu Bareedaa nyaattee uffachuu Morma qabdee baasuu	<b>Mataa rukuttee facaasuu</b> <b>Isa alaaf keessaa</b> <b>Orma qofa miti</b> <b>Atis ni dandeessa!</b>
---	--

**4.Harka kee**

Inni namarraa dhufee  
 siif qaawwa haguugu  
 Akka madda gannaati  
 Isa bona gogu  
 Wasilaaf adaadaa ykn eessuma  
 Fira keef matii hundumaa  
 Kan jaalalli biraa urgaa,u  
 Hundumtinuu namadha  
 Akka ilaalcha kee  
 Siif wabii jiruun ta,u  
 Inni harka kee kadhaaf bante  
 Sekondiidhaan guutu  
 Ilaalimee akka inni abdiidhaan  
 Waamee si ergatu  
 Barbaadee yoo dhabe  
 Waan ergaaf mijataa  
 Nyaata na nyaachisiif  
 Boonee si waammata  
 Eeyyeen. Qabakaa mee inni maal dhabe  
 Qabee siin taphata akka fardaa yaabee  
 Kanaaf isa sin ceesifne  
 Lafa hamaa bukkee  
 Gargaarsa filattee  
 Hin kennin harka kee!!

**5 Jira**

Manni kee duwwatee  
 Harki kee qallatee  
 Isa arraa nyaattee  
 Boruuf yoo rakkatte  
 Ati hiyyeessadha  
 Baraaf osoon taane  
 Bariif rakkataadha  
 Eeyyeen dhabaa miti  
 Ati rakkataadhaa  
 Guyyaa jireenyaatti  
 Kan dhabde yartuudha  
 Kanaaf hin ilaalin  
 Gamaaf fuula maraa  
 Meeshaan dhiitee baasu  
 Harkuma kee jira !!

<b>6 KAMIIN FILATTA?</b>	<b>Bakka bareedaa jiraatuu</b>
Seeqachuuf siqachuun	Nyaatammoo madaalamaa
Garmalee ulfaatee	urgeessanii nyaatu
Imimmaan gadadoon	Harkaan hiixatanii
ijisaan diimatee	Humna ofii fayyadamanii
Fuulli isaanii huqqatee	Fedha qalbii isaanii
gogaan lafee yaabbatee	Bariidhaan guuttatu
Tokkottiin uffatamtu dhumtee	Jarri sun ammoo
bifa jijjiirrattee	fayyaas ta,ee humna
Warri jiraachaa jiru akkuma mullatu	Namni ittiin waa fudhatu
Warri aduu hamaa, fi gubaa	Boba,aa jarri ittiin
Rooba guddaa daddarbaa	daraaraa funaane
Keessaa kaachaa caccabaa	Nadhii dammeeffatu
Fiiganii bira darbaa	Muuziyeemii keessa kaa,u
Jiruuf miseensa yookii abbaa	Kuusaa bara dhibbaa
ta,uusaanii argitu	Kanaafuu milkaa,uun
Isaan gammachuun jiraatu	Baayyee isaan dhiba
Bu,aan jarri argatu	Tolegaa erga kana ta,ee
Baddaaf laga gulufaa	Gammachuun gadda moo,e
Hamma dandeettii isaanii	Maali garaagarummaan jaraa?
Waan hojjataniif qofa	Maltu jara jidduu jira?
Gatii dafqaa kuufatu	.....homtuu.....
Ol kaa,uu duwwaaf ka,anii fudhatu	

Eeyyee mee ilaali gama kanaaf gama

Jaalattee jibbitus hundisaanii nama

Yoo jiraate inni ati jara jidduutti argitu

Daangaan argachuuf dhabuudhaa

Ishee shaniin ibsamtu

Hojiif hojii duwwaadha

Kanaas ta,ee sana

Atillee miseensaa

Biyyuma lafaa jiraattaa

Jiruu lamaan keessaa

Isa kamiin filatta?

## 7 FURTUU DUKKANAA

Kaayyoo kee kan jireenya kee akka biiftuu guyyaa walakkaa ibsuuf, habaaboo birraa bareechitee mullisuuf, bishaanii humna itti horuuf ati bu,ureeffatte keessatti gaheen hiriyyaa keetii hammas ta,ee bakkaan hin madaalamu. Keessattuu rakkoo mari,achuufis ta,ee hojiif si kakaasuuf. Garuu jarri hogganaa, hoggantuu, haadha, abbaa, obboleessa, obboleettii, ollaa, fira.....jedhee haala filatee osoo hin taane Isuma ati taasiftetu ta,a. Anis kanumaafi ergan yeroo darbe muudama namoota lamaaf ofirratti laadhee, ko,oommadheera. tokko moo? Eeyyee qajeeleen dhaabadhe. Arra torbee ga,eera erga muudamni sun darbee. Iddoo hojiin jira. baankii hojii gamtaa keessa. Kophummaan na yaachisee waan ta,eefan...

'Jara malee namni maaliif si jibbee si baqate'? Of gaafachuu kooti. Kabajamoo obbo Dammaqsaan dhufuu isaa sagalee kkkkk..k.kk jedhu dhagaheen maaltu akka Isa kofalchiise gaafadhe.

'Maali maaltu bade'?

'Hojiirra jirta natti fakkaata'.

'Hojiin harkaani mitii'?

'Ani miilaani jedheeraa'?

'Maal jetteree'?

'Hawaasni dhaabatee si eegaa jira jechuu kooti'.

Tole jedheen ajajame. Nama ajajuu dura ofiikee jedhu mitiiree. Anis boruuf jedhee, namoota sagalee malee bifa waliin hin uumamin kana jalatti kufeen jira. Fedha kootiin. Eeyyeen fedhasaan namni of fannisa. Jireenya koo keessatti torbeen kun hangafa ilmaati qajeelaa qaqqaqeelaadha. Keessumattuu deeggarsi hiriyoota fi hoggantoota koo anaaf burqaa gammachuuti. Obbo Dammaqsa Jireenyaa fi dargaggoo sumaafii Gammachuu jedhamu hoggantoonni koo. Isaan warra achitti kanan baradhe, gaara sanattiin dhaladhe, gama sanattiin muuxannoo horadhe..... Jechaa arrabaan diimaa addeessanii, gurraacha burreessanii namaan walbaran mitii Siin walbaruuf maqaa ofiituu gaaffiidhaan eeggatu. Kan biraa yeroo waliin eeloo jala jiru siin jedhu. Maaliif? Akkamitti? Dhimmasaa! Gurra koo qofaan waanan beekuuf malee gaafan waayee isaanii yaadu, obbo Dammaqsaan gabaabaa furdaa gurraacha, iiji akka qeerransaa diimattu, kan irreen harka isaa balbala mana akka jedhee ittiin ofirraa gad-qabuu taatu fi dargaggoo sumaafiin dheeraa mullataa, diimaa ifaa, taphataa kokkolfaa gurbaa jinniin shaggooyyee halkan faarsaa bultu san natti fakkaatus, tasallee ta,u arge jechuun, hirribni mi,aawaadha jechuu kooti. Akkamitti?



Hin arginee ati? Isaan gaafadhu! Jireenya koo akka isaaniif tolutti adda muranii mummuranii keessa na imalchiisuuf fakkaataa, torbeen lamaan kuni kan ani fedha qalbii kootii waliin dorgomu ta,u naaf himanii erga xumurree arra galgala sa,aatii lamaaf gamaggama madaallii raawwii hojiiti, hoteela jabeenyaa. Ani akka kootti persantii dhibba fedha qalbii kootii moo,eera jedheen yaada, hin aarsines hin qaarsines waan ta,eef. Isaan garuu ofittoodha. Yaada koo hin fudhatan. Sumaafiin isuman ani isa dhokadhee kibriita fudhadhee mana fincaanii seene sanaaf jecha persantii tokko mure. Eccc..c c... Maal gamaggamni akkanaa? Ani bosonaan gube malee maaliifiin kibriita fuudhee seene. Cabaa irratti baqaqaa....dabalataaf deema natti fakkaataa obbo dammeenise sagale dhageessise. tole maal jettu? obboo jedhee sumaafiin. anis guyyaa tokko ganama akkuman hirribarraa isa dammaqsuuf dhufeen isaa uffata kaleessa yookiin uffata hojiitiin balbala dura rafaaf jiru argee dammaqse waan ta,eef persantii shan irraa kaasi. uffffffff.....mee amma kun hanqina ta,uu isaatii? Dadhabbiin hojiirraa galee akkuman Facebook banadhee balbala dura gad taa,eeniin rafe malee, ani fudhadheetiin dadhabee? Achumaan jaha muran. Kan itti aanu yeroo hojiiti waggaa sadi, haala mijeeffannaadha. Jedhe sumaafiin..." Kan bareeddee mullachuuf si dandeessisu bareedina tarkaanfii keetiiti" dhaamsa isaati. Kana booda akka Jireenya koo isa duraa

aarsuu, fudhachuu, fi dhungachuudhaan ba,aa mataarratti of tuuluu miti, bu,aa ol kuusuudha. inni akkan yaadees miti kanan argaa jiru, baayyee salphaadha. Maalumaafuu ofiif jedhee, boru ol jedhee jiraachuuf, dhugaa waliin nan dorgoma jechuun natti ulfaatuu, obsaan jira. Keessattuu kophummaaf ana moo dhagaatu? akka harkaa hunduma ajajamuu, ganama too,attoota baankiif dammaqsiituu ta,uu..... Adaba ramadame keessaa hamma tokko turan."kan akka waraabeesaa nyaatu gaafa akka namaa nyaatu miidhama," jedhu mitiiree? Amma kan buusan bira taa,anii garaa goguunis dabalameeti Kan ana ganama ganama mana madaalaa hanqise. Marsaa lammaffaan ajaja kenname sanaa dhumuuf ganna tokkotu hafe. Wanti as keessatti na dinqisiise garuu, taatee sekondii muraasaatiin funyoo mormarratti fannifame faaruu tokko malee mudhiitti gad buusanii hidhuun murtee gaarii ta,uu isaa qofa. Harmeen koo "inni hojjatu ni mudata, ni gufatas ni buufatas" jetti. Yaa ulfaatina hiriyyummaa jara kanaa! Maaltu morma Kee buusaree? Qaama koo xuraa,aa, gufuu baayyee keessa gitittirsaa oolee galgala hirribaaf qofa lafa qulqulluu ciibsa. Ana uumaan lafee koo baballisee, dheeraa godhee na uumeeti kan adaba kana natti ulfeesse. Akka namaa tokko lamatti nyaachuu mitii tokko tokkotti nyaachuunuu waan laayyoo kanatti haasa,amu hin turre. hayyamnis tokko qofa

nyaata yeroo kamiifuu. hin ulfaatuu? Maaliif baatta? Guyyaa tokko garuu akka tasaa herregan guyyaa hojjachaa ooletu naaf sirrachuu didee jennaan tokkuma sanuu yeroon jala miliqe. Lamaffaa baqaqeera. Halkan walakkaa herregicha sirreesseen ba,e. Yeroon labsii muddamaati. Hoteela mitii daandiin warra halkanii baachuu eegalee jira. manni magaalattii hundumtuu handaaqgoorratti simannaa xumura. Eessuma abbaa kootiin haa deemee galu. Gara lixa aduu deemee nyaadhee deebi,ee herrega sana sirreessuu nan danda,a ture. ariifadhee yoon nyaadhe akka eda galgalaa halkan barii karaatti hirriba na mursiisuu shakkeeti malee. Maalif hin sodaatamuree? Ergasuu maaf hin lagattu? Ma,akkalaawii miti. Akkuma ta,ettuu gaadidduu koo jalatti dhokachaa, gaafa qilleensi mukatti bu,e akka nama ogummaa waraanaa qabuu lafa hammachaa, yeroon daandii qaxxaamuru gaadidduu koo harkatti fudhachaa fiigaa, akka nama amma hanna shaakaluu ta,aan deemee gale. Hin taane eenyutu, eessa danda,ee rafa. Gubadhee waan ta,u dhabnaan alka,een waraqaa ciree bulbule. Silas mana hojjataa isa malee maaltu jira. Niitiinoo dv dha. Ija koo qabadheen hidhii irra dhaabe. Qoricha qoteefiin achumaan achuma rafe. Hamma barreeffamichi dubbifamee xumuramutti ani gabatee gurraacha.....yaa aadam saaddoo akkamiin dandeessee xumurte isa gaafa hirbaanni kudha afurii? Ganama sa,aatii afuritti hojjataan mana baankii hirribarra jira.

Maaltu? Dubbisuun akka handaaqoo tokko tokkoon funaanuu ta,ee? Isuma tures. Achumaanan kan jireenya koo guutuuf ta,u cubbe. Dhukkubsadheera isuma fedhes ta,u garaacha yookiin gurraacha. Kanaaf kana jechuun hin fixu kan hojii jaraa waan baayyee nama dhoorgu. Dammaqsaan hirriba,boqonnaa. sumaafiin hunduma. Qaama koo fixan, isuma hin jirrellee kan hirribaa. Iddoo qabamoo? Isa jaalalaa! Hojii dhoorgamus dhabus gaafatama ooleera. Isuma namuu hawwu. Obsa dheera booda wagga sadan sanas xumure. Raawwiin waltajii cufaatiin madaalame. Moo,eera. Haala nama ajaa,ibuun goolabuu koo argeen gammade. Siifu koo jiraadhu! Jedhe keessi koo. Siifan jaalallee koo turte. Wagga sadi dura ishee bira deemeen ture. Nama biraa jaalattee waliin jiraachuu ishee argeen lubbuu koo jibbe. Maaliif? jedhee gaafannaan, ati jaalalaaf bultiif hin taatu naan jette. Akkamitti? Hin qusattu. Hin karoorfattu. Jette. Anis kana booda qusannaa wagga sadiin karoorse. Hojii koo ittiin jijjiiruuf. Haala nama dhibuun ergan lubbuu koo balleessuu yaadeen deebi,e. Amma ka,umsa koo mijeeffadheen jira. Amma hunduu eegaluuf, jireenya hirmaachuuf. Wagga sadi booda deebiseen imo bilbila kootii bane. Ergaan roobuu eegale. Gara siifan qajeeleen bane. Suura daa,l'maa profile gubbaa godhattee jirti. Maaliif? Kan eenyuuti? Itti dhiiseen deebise bilbila koo cufe.

Silayyuu tureera. Ganama iyyata koo galcheen mana hojii bareedaasaa kiraa fudhadhee hojii eegale. Hojii baankiirraa gara mana nyaataa. Ergan fayyadamaa baayyee horadhee hojiin ulfaachaa dhufe. Nama qacaru moo bultii? Obbo dammaqsaan waraqaa galfateera. Sumaafiin jira amma yeroo kanaa. Arra isa dhumaaf siifan dubbisuufan jedha.

'Hello siifu akkam jirta?'

'Eenyu jedhu?'

'Boonsaadha!'

'Booni maali maalan sitti balleesse?'

'Maal hin balleessin dhiiste?'

'Tole dhiifama!'

'Amma bultiif sin barbaada'.

'Heerumte moo?'

'Eeyyee'

'Eenyuutti?'

'Boonsaatti'. Baayyee gammadeen jira. Siifan magaalaa hirnaa irraa dhuftee bultii ijaarre. Ajaa,iba! Siifan erga hojii mootummaa gad lakkistee waggaa lama. Isheen dukkaana elektirooniksii

banatte. Anis mana nyaata Aadaa. Hunduu furtuu baannee galla.  
Hunduu furameera. Keessattuu siifanidhaan, dukkanni koos.  
Dammaqsaan kutannoo, sumaa fiin kaayyoo turan.

<p><b>8.Faana bu,ii</b></p> <p>Kan atii dhaadhessaa ooltu</p> <p>Gahee hojii godhattee</p> <p>Jarri ati dinqisiifattu</p> <p>Uumama addaa gootee</p> <p>Isaanis namuma</p> <p>Imaltuu miila lamaa</p> <p>Kan ilkaansaanii adii</p> <p>Arrabni isaanii diimaa</p> <p>Nyaattuu fooniif qamadii</p> <p>Jara harki lamaa</p> <p>Hin dogoggorin</p> <p>.....</p> <p>Akkuma kee isaanis</p> <p>Beela,anii nyaatuu</p> <p>Dheebotanii dhugu</p> <p>Hojjataniif jiraatu</p> <p>Dadhabaniis mugu.</p> <p>Garuu</p> <p>Kan adda si taasisu</p>	<p>Wanti jaraaf si hawwisiisu</p> <p>Jarri ni hojjatu</p> <p>Humna ofii fixanii</p> <p>Bu,aas olkuusatu</p> <p>Gaaraaf laga ce,anii</p> <p>Boruuf balali,u</p> <p>Ganamaan ka,anii</p> <p>Kanaaf yaa namichoo</p> <p>Oi ka,ii dhaabbadhuu</p> <p>Luka kee diriirsi !</p> <p>Dafii tarkaanfadhu!</p> <p>Galma kees fageessi!</p> <p>Fuuldura kee milladhu</p> <p>Karooras baafadhu</p> <p>Isumallee barreessii!</p> <p>Kana booda waa,ee mataa keetiif</p> <p>Mataa kee qopheessi !</p> <p>Ani siifan dhaamaa</p> <p>Mee na dhageeffadhu !</p> <p>Galma ga,uu yaadde</p>
--	---

<p>Sekondiin yaadadhu!</p> <p>Eeyyeen ni dandeessa</p> <p>Atis waa hojjachuu</p> <p>Akka ebaluuf ebaluu</p> <p>Qabeenya horachuu</p> <p>Yookaanis baratee</p> <p>Beekumsa argachuu</p> <p>Dhugaadhaa fudhadhu</p> <p>Maaloo nan tuffatinii</p> <p>Abdii kutannaadhaan</p> <p>Of hin kukkutinii</p> <p>Ani jedheera namichoo</p> <p>Bariidhumaan ka,i</p> <p>Kaayyoo ofii milkeessuun</p> <p>Ammumaa dafii #faana bu,i !!</p>	
--	--



### 9 BU,AAN MAALI?

Hojiin dadhabbi qaba. Dadhabbiin gad bu,aa dhufuu humna(anniisaa) keetii irraa madda. Boqonnaaf hojii adda muruun dadhabbi hin jedhamu jechuu koo miti. Boqonnaa fudhachuun humni kee akka walitti fufiinsaan hojii kee xumuruu danda,uuf haaromsuudha. Kanaaf guutumaa guututti dadhabbi hin ta,u. Gara mata duree keenyaatti isin deebisuuf, humni kee hojii hojjatte sana irratti dhumate, irra deebiidhaan boru sin fayyadu. Iddoon isaa duwwaadha. Kanaaf waa bakka isaa buusuu barbaada. Wanti bakka anniisaa keetii bu,uu danda,u bu,aadha. Gatii humna/ifaajee keetii. Siif galee? Yoo siif hin hubatamne irra deebiin dubbisi !

### 10 MAALLAQNI MAALI?

Bara durii adeemsa fedhiin ilmi namaa wanta hin qabne fi ollaa yookiin naannoo ollaa isaatti argaman fayyadamuu ballataa dhufuu irraa kan ka,e daldalli eegale jedha seenaan. Adeemsi bittaa fi gurgurtaa inni jalqabaati jedhamu kun kallattiidhan meeshaa gara meeshaa yookiin tajaajilaatti waliif jijjiiruudhaan eegalee ture. Yeroo kanatti maallaqa fayyadamuun hin jiru. Sana booda akka maallaqaatti ashaboo/soogidda amoolee fayyadamuun eegalame. Akka maallaqaatti amooleen geejjiba

lafoo/kottee kan akka fardaa, harree fi gaangeetiin baatamee tajaajilaa ture. Baatanii deemuun ulfaataa waan dhufeef amoolleen warqii fi sibiila garagaraatiin bakka buufame. Yeroo kana saantima tolchuun fayyadamuunis jalqabe jedhama. Kunis baachuuf ulfaataa, argachuufis ulfaataa ta,aa waan dhufeef maallaqa waraqaa kan amma biyyoonni addunyaa ballinaan fayyadaman kuni jalqabe. Kanaaf maallaqni yaada namaa keessatti guddaa ta,us waraqaadha jechuudha. Maallaqni biyya keenyaa jijjiiramuu isaa ergan barreeffama kana barreesse boodan miidiyaarraa dhaga,e. Kanaaf yaada koo salphaatti naaf hubattu jedheen yaada. Sababni isaas maallaqni waraqaadha yaada ani jedhe kana maallaqni biyya keenyaa inni amma jijjiirame baankiitti galchaa yookiin jijjiiradhaa jedhamu kun baankiis ta,ee warra jijjiiru kana maal fayyada? Otuu maallaqa amma haaraa dhufe kuni suuraa isaa ati hin argin waraqaa akka kanaa daandii gubbaatti yoo argite maal daandii gubbatti arge jettee himta? Deebii sumaaf dhiisuu kooti. Asirratti garuu erga waraqaa ta,ee maaliif baayyinaan hin oomishamne? Gaaffii jettu yoo si keessatti uumame yeroo biraaf beellama naaf qabi! Akka daddabarsa bittaa fi gurgurtaatti itti fayyadamuuf waliigaltee hawaasaatiin waan fudhatameefi malee maallaqni waraqaa kosii keessatti gatamee hafuu danda,uudha. Kana gaafan jedhu, tapha gaafa ijoollummaa kootii hiriyoota koo waliin taphachaa tureen

yaadadha. Innis baala mukaa akka maallaqaatti fayyadamuun daldala taphachuudha. Walii galteedhaan waan ta,eef baalli mukaa maallaqa ta,uu danda,e. Waraqaa gati dhabeessa ta,uu maallaqaa kanas fudhatama maallaqa biyya tokkoo biyya biraa keessatti jiru ilaaluun hubachuun ni danda,ama. Fakkeenyaaf birrii itoophiyaatiin biyya biraa keessatti bituus ta,ee gurguruun akka hin danda,amne hiriya yookiin fira kee biyya biraa jiran gaafachuun salphaatti ni hubatta jedheen amana. Gama dagaagina maallaqaatti yoo deebinu, dhiyeenya kana biyyoonni guddatan jedhaman maallaqa gama elektiroonikiitiin(electronic currency) fayyadamuu eegalanii jiran. Kunis maallaqa baachuun hafee kallattiidhaan akkaawuntii irraa gara akkaawuntiitti daddabarsuudhaan daldala raawwachuudha. Maallaqni waraqaa Kunis jijjiiramaa jiraachuu isaati. Walumaa galatti maallaqni giddugala daddabarsa bittaa fi gurgurtaati.

## 11 MAALIIF QUSATTA?

Umriin namaa daa,imummaarraa -dargaggummaa-jaarsummaa keessa walduraa duubaan deema. Jireenya kee keessatti umriin ati hojiif qabdu dargaggummaa qofa. Yeroo ijoollummaa keetii maatiin kee waan ati barbaadde hamma humna isaanii siif kennaa si guddisu. erga guddattee atis hojii jalqabda. Hojiin

ammoo bu,aa qaba. Bu,aan hojii keetii ni qusatta. Maaliif?

1, abdi-kutannaa miliquuf. Nama hojii hojjachaa oolu Kan bu,aan isaa nyaata fi dhugaatii guyyaa sanaa qofaaf oolu argitee beektaa? Namni san yeroo hammamiitiif hojii sana keessa ture?

Abdi-kutannaan bu,aa kuufame/qusatame qabaachuu dhabuu irraas ni dhufa.Hojii kee guyyaa guyyaa keessatti akka waa argachuu dandeessu fi argachuu maltu of amansiisuuf qusatta. Kunis abdi-kutannaa miliquuf si fayyada

2, jireenya kee ceesisuuf. Jireenya amma jiraattu kana caalaa jireenyi miidhagina qabu jira. Isa akkasii jiraachuuf qusatta.

3, Humna qusachuuf. Humni kee Kan amma gaara baatee laga ceetee ittiin hojjattu kun bara jaarsummaa keetii siwaliin hin jirtu. Kanaaf yoo waan argatte irraa qusatte, bara jaarsummaa keetii akka humnaatti ittiin hojjatta. Ittiinis sooramta.

4, yeroo dheeraa hojjachuuf: Guyyaatti sa,aatii 24 hojjachuu hin dandeessu. Otuu dandeessee garuu bu,aa guddaa argatta. Kana gaafa bu,aa guddaa kuuste yookiin qusatte, maallaqa qabdu sana fayyadamtee nama mindeessita. Namni kun siif hojjatta. Fakkeenyaaf ati otuu hojjataa hin mindeessin Guyyaatti sa,aatii 8

hojjattee bu,aa 500 argatta yoo ta,e, erga nama shan Guyyaatti dhibbaan erga mindeessitee booda, Guyyaatti sa,aatii 48 hojjachaa, bu,aa 4000 argachuu eegalta. Kanaaf qusatta.

Faayidaa qusannaa baayyeetu jiru. Ittiin rakkina, hanqina, balaa.....ooluu dabalatee baayyeetu jiru. Dabalataan ragaalee gara garaa dubbisi! Ammaaf hamma kana erga keessaa hubanne ga,aadha. Kan hafu eenyutu akka qusatu yaa ilaallu.

Namni hojjatu hundi hin qusatu. Namni qusatu Abbaa maatii fi nama haala mijeefachaa jiru qofa. Daldalaan hin qusatu.

-Abbaa maatii; Abbaan maatii nyaataa fi dhugaati maatii waan yaaduuf ni qusata. Keessattuu harka caalaan qonnaan bulaa fi hojjataa hammata. Sababni isaas bu,aa waan haala barbaadame hundaan fi yeroo hunda hin arganneefi.

-Nama haala mijeefachaa jiru: namni haala mijeefachaa jiru, nama hojii fedha ofii eegaluuf maallaqni isa barbaachistee, maallaqa Sana funaanaa jiruudha. Fakkeenyaaf namni dukkaana banachuuf fedha otuu qabuu maallaqa dhabee, hojii biraa hojjachaa maallaqa kuusee dukkaana banata. Eeyyeen erga qusate booda kaayyoo isaa jalqaba. Erga jalqabe garuu maallaqni

qusatamtee isaaf bu,aa hin buustu. Inni daldalaadha.

## 12 KENNAA LAKKUU

Finfinnee, Dirre Dawaa, Adaamaa, Jimmaa, Shaashamannee..... eenyutu fedha ofiin filatee argate? Hunduu yaadaan hawweera, eenyutu yadeef ta,e? Fedha qofaan maaltu .....?

Hin filatamuuf dirqamee, Baadiyyaa lafa hammas fageenya qabu, maatii harka qalleessarraa dhalatee, humnuma isaaniin kan argatu soorachaa dhabus akka galaa haadhaa gorora isaa kuusee warra rakkataniif ergaa guddatee amma umriin isaas hojiif ga,eera. Akkuma nama kamuu hojjatanii of jijjiiruuf magaalaa xiqqoo tokkotti godaansaan galanii jiru maatiin isaa. dimimmisaa duubatti haa mullatu malee Bareedinni Morkataa, shamarran ammaa warra dhiiratti mullachuu qofaaf jiraatan kana hoji-dhabdummaa keessaa baasa ture. Ija qalbiin faana jirtuuf Morkataan dheerinni fi Bareedinni hojjaa isaa, fuulli isaa kan ogeessaan bocame, funyaan dheeraa sana qarqaraan ijisaa nyaara duumessa keessaan iftu, hidhiin isaa isheen akka waan erga tolfamtee sekondii muraasa qofaa qulqulluu taatee mullattu.....dabalatee hundumti qaama isaa hanga lubbuun isaa lafa kana gubbaa jirtu Turizimii biyyaa dachaa dachaan dabala nama jechisiisa. Jaarraa kanatti Bareedina moo hojii? Jedha Morkataan yeroo mara. Magaalaa xiqqoo keessatti Abbaan isaa

hojii humnaa, harmeen isaa keessummeessituu hoteelaa ta'anii hojjachaa isa barsiisuu yaadu. inni garuu yoo tole galii, hanqatu maatii isaa gargaaruuf barnoota galgalaa galmaa,ee jira. Maatiin isaa hojii hin argattu ittiin jedhanis inni uumuuf kutannoo guutuu qaba. Eessaa fida? Fiduuf baatanii miti yaalaniiti. Morkataan maqasii abbaan isaa ittiin rifeensa isaaf sirreeesu fudhatee haadduu maallaqa harmeen isaa hirbaataaf jabeessiteen bitatee ganda baadiyyaa keessa qajeele. Tokko tokkoon namaa ittiin bashannanuu fedhus isaaf hojiidha. Kan daa,ima guddisuu fi hojii haaraa hojjatu ofii gaafatee tajaajila waan jedhu dhaga,eera. Eeyyeen dirqamnis jirti daa,imman bira. Garuu bu,aan isaa eenyuuf? Namni rifeensa murachuu fedhu jiraa? kkkkkk..... Otuu sagale guddistuudhaan ta,ees gurri isaa eeyyee qofa dhaga,a ture. Kan jireenya keessatti, akka jaalallee ofii waggaaf dheeraaf wal irraa fagaatanii, harmee ofii Kan ma,akalaawiitti ijashee lagatanii, yeroo hunda hawwaa ture " hojiidhaan galii" lakkoofsaan jalqabe. Amala toleessa namaa waan ta,eef yeroo baayyee badhaasas ni argata. Keessattuu diraamaan inni haasaa keessatti uumu, dhiphina kamuu keessaa nama dammaqsa. Kanammoo barattoonni mana barumsa isaanii ifa guyyaa keessatti fi ija hawaasaa fuulduratti ragaadha. Isuma dhugaati mitii? Innis kana yoo ta,e eeyyeen. Morkataan adeemsa adeemsa keessa akkuma

bariin dabareen wal dabarfachaa, torbee, ji,a waggaatti of jijjiiraa deemu, bu,aa tarkaanfii isaa gabbisaa dhufe. Humna isaa irraas hamma ta,e boolla awwaalaa oolcheera. Isaaf hojjachuunis yeroofi mitii? Eeyyeen hamma lafeen dugdaa isaaf jabaatutti. Garuu morkiif kun sirrii ta,us parsantaa dhibba miti. warra galii xiqqaan hojjataniif mallaqatti lafee dugdaa horuun yeroo dheeraa gaafachuu cinaatti, obsa guddaa barbaachisa jedha. Kanaaf walkeessa isaanis isaafis bobba,aati Kan ta,uu qabu. Garuu walkeessa hojjachuun balaa baayyee qabaachuu malti. Keessattuu maallaqni yoo xiqqaatte balaa hin dandamatu. Isaaf anatu ana jedha. Dhugumasi isumatu isa. Anis atis isa miti. Morkiin waan tokko tokko dukkaanarraa bitee qonnaan bulaaf gurguraa, faallaas hojjachaa hojii rifeensa sirreeesuu itti fufuu murteesseera. Kanumas gaaffidhaan. Kanaanis uffata, saamunaa,.....ganama baatee ba,uu fi hundee diimaa, kaarotii, qullubbii,.....baatee galchuu eegale. Baatanii bobba,uu isumaanis galuu. Baayyee itti ulfaataa dhufe. Waa arguunis dabareen dabaree dhufe. Guyyaa tokko waan hojjate hojjatee maallaqa baayyees buufatee gammachuudhaan machaa,ee, bagan eegale, bagan faaya manaa gane.....jechaa ofiin haasa,aa kolfaa otuu deemuu, qe,ee warra yaadnessaa bira ga,e. Sagalee fi qaamni saree warra sanaa fuula isaa dura dhaabbatan. isa kam dheessu? Riikardii cabsuuf erga kaayyeeffatee booda, of duubatti



ilaaluuf akkuma yaaleen sigigaatee haroo bishaanii keessa bu,e. Daqiiqaa muraasaaf galiin dagatameera bishaan kuusaa jira morkiin. Amma gammachuun waan ta,eefi malee, saree kanas eegduu cimaa ta,uusaa ni beeka. Akka tasaa mana warra kanaa tajaajiluuf yaadee hin beeku waggaa lama tajaajile keessatti. bira dabranii deemuun maataan isaatuu yaaddoodha. Kanaafis maqaan warra sanaa. Ollaarraa namni sagalee dhaga,ee dhufee du,a oolche. gara manaa qajeele morkiin sababni jijjiiramus inni kolfaa gale. Harmee harmee jedha himuuf mudannoo. Baayyee ittiin bashananaa turan. Morkiin barnoota deemee akkuma galeen harmeen isaa mobaayila(bilbila harkaa) bittee kenniteef isa gammachiisuuf. Morkiif garuu hamma yaadame hin taane.

'Maali sin gammachiisnee?'

' Eeyyeen barbaachisaa ta,us yeroo isaa miti. Mee ilaali harme Kan nuti nyaannu, uffannu, keessa jiraannu. Namni waan akkasii otuu hin injifanne kana fayyadamaa?'

'Lakki dhiisi. Inni hojiif'. Boru qabii deemi!

jette harmeen morkii. Innis callisee qabee deemuu filate. Amma akka duraa miti hojiin ulfaataa ta,us galiin dabalaa dhufe. Guyyaan ayyaana waggaati morkiin maallaqa waan kuusee ture hundaa waan maamiltoonni isa ajajan bitee dhagee isaaniif

kennee rifeensa sirreeesuu eegale. Gara boodaa namni ayyaanarra jira waan ta'eef nama rifeensa sirreeffatu dhabe boqonnaaf gaaddisa mukaa jala taa'ee maallaqa isaa lakkaa,uu eegale. Xiqqoo erga turee booda dargaggeessa shamarree baredduu tokko waliin deemu argee hojiif gaafate. Walii galaniis rifeensa sirreessaa akkuma amala isaa taphachiisuu eegale.

'Ani ayyaana akka bara kanaa argee hin beeku` dargaggeessicha. `diimaa moo daalacha`? Morkii.

Intalti baayyee kolfite. Achumaanis

`gaaffiin Kee hin ulfaatuu'?

`baadheen jiramoo`?

Haala kanaan baayyee erga bashannanii booda gargar ba'an. Intalattiin diraamaa akka kanaatiin tuubii irraa maallaqa waan argachaa jirtuuf nama akka Morkataa kana baayyee barbaaddi ture. Isheen boqonnaaf galte malee barattuu yuunivarsiitii finfinneeti. Dargaggeessicha gaggeessitee morkii barbaacha deebite. inni garuu gara manaa deemee jira. Intalattiin lafa xiqqoo ol ka,aa tokko irra dhaabbatee harka ishee adda isheerra gootee akka nama nagaa naga-eegdota bara shaakaluu, oliif gadi, gamaaf gamana otuu ilaaltuu fageenya dheeraa gama sana irratti morkii argitee sagalee ol fuutee waamtee na eegi jetteeni. Innis

eeguuf dirqame. Achumaan dhuftee waliin haasa,anii borumtaa isaatti beellama qabatanii, bilbila wal jijjiiranii gargar ba,an. Hawwii jireenyaa jedhamti. Morkiin bosona xiqqoo tokko akkuma seeneen namoonni sadi Kan irreen qaama isaanii akka malee furdatu itti dhufan. Maallaqa fidi? Jedhanii morma hudhanii qabuuf yaalan. Innis battalumatti maallaqa gatee fiige. Erga daqiiqaa muraasa fiigee booda, suuta jedhee gara duubaa deebi,ee muka dheeraa argatee gubbaa ba,e. Suuta jedhee jara sana hunda ilaale. Maallaqa isaa Kan saamanii fuudhan nama tokkotti kennaa jiru. Morkataan callisee muka gubbaa taa,e. Namni sun golgaa fuulaa ofirraa baasee maallaqa ilaale. Morkataan silkii isaa waraabduu suur-sagalee banee itti garagalche. Ija uumamaanis illaale. Dargaggeessa reefuuti. Suuta jedhee waraabbii xumuree bilbila hawwii baasee bilbilee haala ta,e itti hime. Hawwiinis baayyee gadditee akka hin dhiphanneef erga isa gorsitee booda, bilbila isarratti cufte.

'Maaliif narratti cufti'?

'Isheenis miseensaa'?

'Moo Bineensa'? Jedhee gaaffii of keessatti uuma. Miilaan ni deema. Gara duubaa. Ni fiiga...ni sardama...ni dhiphata. Hattuu too,annaa jala oolchuuf, kan hattuu moo? Hubannoo keeti.

'Eessa deemta'?

'Haqa koo barbaacha'.

'Eessa'?

'Lafa inni dhaqe'.

'Eenyu beekta'?

'Namu'

'Eenyuutti himatta'?

'Nama'.

'Hin beeku hin jennee'?

'Baruun danda,a. Afaan kee qabi'! Jedha. Sammuun isaa daandii irraa maqaa jira. Deemsa keessa bilbilli iyyite. Ni kaase.

'Hello. hawwiidha'

'Maal jette'?

'Hidhataa gandaatiin hordafaan jira'. Dafii koottu!

'Dhufaan jira'.

'Tole. Iddoo reefuutti'.

Morkataan haala kana amanuun itti ulfaatus dhaqeera. Battalumatti maallaqas fudhate. Galuufis sardame. Hin ta,u

jedhame. Hawwiidha. Goruufis dirqame. Guyyaanis ayyaana. Waliin gammaduuf, taphachuuf,.....gara maatii. Aduunis galte. Isaanis.....Daadhii dhuguu, cooma murachuu, walnyaachisuu.....adda ture. Hawwiin maatiisheef dhala jalqabaa fi dhumaati. Isheedha. Isheetu intala Abboomaati. Barii mana kanaatiif afur keessummmaadha. Isattuu ayyaana. Morkataanis taphachiisuu, kofalchiisuu, gammachiisuu..... tokko tokkoon wal duraa duubaan jalqabe. Ayyaannis ni bareede. Bifa horate. Abbaan hawwii adda ta,e. Ni diimate. Hawwii isaatis ture. Hawwiin hin hayyamtuu malee. Innis arruma. Eeyyeen arruma. Garuu akkamitti? Sanittuu nama akkasii. Morkataa. Malli galeeraaf. Saanduqa ofii banate. Maallaqa fudhate. Deebi,ee dhufe. Sirba dhaabsise. "Ani nama akkasii arguu mitii jiraachuu, ni uumamas jedhee yaadee hin beeku. Narraa hin fagaatin ilma koo. Baayyee si jaaladheera. Maallaqattii tanas faaya mana oolchi ofii kee, maatii kee, numa kanas jijjiiri". Miliyoona walakkaa itti hiixate. Morkataan naasuun of biraa bade. Deebi,ee dhufe. Deebi,ee bade. Ol ka,ee dhaabate. Harkisaa kir...kir..kir..jedhe. 'hin fuutuu' hawwiidha. Ni dammaqe. Ni fudhate. Ni hammate. Ni galatoomfate waaqas, namas, lafas.... Hundumaafuu waadaa gale. Yeroo gabaabduutti deebisuuf. Hojii.....hojii.....hojii ni jalqabe. Isheenis isa. Yaa gammachuu isaa, bareedina isaa dhugamee hin

quufamu. Bobbaanis toleera. Bu,aanis dachaa dachaa....ofiisaa maatii lamaanuu..... hundumaa yeroo gabaabduutti jijjiire. Barrinis ni dhufte. Bariinis ni afeerte. Eebba ture. Mooraa yuunivarsiitii finfinneetti. Eebbi kan hawwiiti. Kan haadha mana isaa. Waadanis kennaa ta,e. Lakkuudha. Si,a tokkotti.

### 13 DHAAMSA BARREESSAA

Eessarraf akkaan eegaluu qabu murteessuu dadhabus waa dhaamachuun fedha qaba. Akkanas jedhee; "miidhaa magaalomuu fi Ammayyoomuun dhufuuf itti gaafatamaan eenyu"?

Eenyu jetta ati? Akka ani hubadhutti anaa fi si qofa. Maaltu bade? Maaltu miidhame? Jechuus malta. Ani garuu hunduma siin jedha. Eeyyeen hunda. Aadaa,seenaa,Afaanii fi safuudha. Eenyummaa saba tokkoo. Keenyas kan ummata oromoo. Akkamitti? Oromoon aadaa nyaataa, uffataa, sirbaa,... Hunda guutuu qaba. Meeqa keenyatu beeka? Sirna bara baraan dhufuun walqabatee dhaloonni ammaa aadaa ummata kanaa guutumaa guututti hin dhaalle/ ittiin jiraachuu hin barre jechuun ni danda,ama. ta,us garuu isuma beeknus fayyadamuun ittiin jiraachuun baayye xinnaadha. Anuma mataa koorraa yoon jalqabes keenya nyaachuun, uffachuun, ittiin sirbuun, baayyee natti ulfaata. Magaalomuuf jecha. Nama baadiyyaa akka hin fakkaanne, hin jedhamneef. Garuu isa kamtu nama baadiyyaa na taasisa? Yoon

ta,e maaltu natti hirrata? Deebii siif dhiiseera. Waan kana hubattee? Ati akkamiin of ibsita kana keessatti? Kanaaf anaa fi atis ofii keenyaan haa jiraannu. Dhaloonni nu ilaalti.

Kan waayee seenaa barreessitoonni seenaa dhugaa otuu hin jiran ta,ee nuti oromoon biyya kana miti. Maaliif akka godhan naaf galuu baatus biyya kana keessaa sabni amaara isa reefu qubeessuu eegalurraa kaasee hanga pirofeesaraatti oromoon biyya kana miti. Weeraraan qubate..... Waa baayyee barreessanii seenaa oromoo balleessuuf hin rafan hin boqatan. Kana yoon jedhu amaarri seenaa dhugaa barreessuu hin jiru jechuu koo miti. Sabni biraa seenaa keenya qulqulluu barreessa jechuu koo miti..... gaheen koof kee kana keessatti seenaa dhugaa dubbisuun barsiisuudha.

Dubbiin magaalomuu inni guddaan afaan keenya Afaan saba ballaa AFAAN OROMOO fayyadamuu irratti baayyee calaqqisee mullata. Yoo afaan amaaraa qofa yookiin walkeessa dubbate nama magaalati. Afaan ingiliizii keessa makuu beeknaan nama lafa kanaa miti inni/isheen. Pilaaneetii magaalaa jedhamtu irraa dhufe/te. Ok boonsaa jechuun atidhaa? Ati garraamii namaati. Mee dubbisi jecha kana. Afaan biraa hin baratin hin jenne. Garuu ilaalchi ati keetiif qabdu akkam? Ofumarraa eegali!

Safuun oromoo seera ture. Ittiin bulaati walis bulcha. Xiqqaan guddaa, ilmi abbaa ykn haadha, ollaan ollaa..... kabajee kan ittiin jiraatu safuu qaba oromoon. Ni safeeffata. Safuu eegii kabaji jedha oromoon. Anif ati eessa jirra? Gudda arrabsuu, dhaanuu, dubartii gochaaf jechaan miidhuu, hamaan bariisifannee dhiisifachuu. Ani dhiiseera atis dhiisi!

**ONNEE KOORRAA SIN GALATOOMFADHA!**

**XUMURAMEERA**